Oromia Global Forum
6909 Laurel Ave, Suite 5219
Tacoma Park, MD 20913
Tel: 612-483-0161
E-mail: Ogf@ogfonline.org
https://ogfonline.org/

Bit. 11, 2023

Jijjiirraa daangaa bulchiinsaa fi tartiiba gabaasa magaalotaa fi aanaalee Oromiyaa ilaalchisee Ibsa WMOIA (OGF)

Mootummaan naannoo Oromiyaa, daangaa bulchiinsaa fi tartiiba gabaasa magaalotaa fi anaalee Oromiyaa jijjiiruun tarkaanfii ifatti faallaa dimmokraasii ta'e, kan saamicha aangoo fi qabeenyaarratti xiyyeeffate, akkasumas ummata Oromoo gidduutti wal dhabdee facaasuun wal irratti bobbaasuu kan kaayyeffate fudhatee jira.

Sirnichi jijjiirama hundee kana kan hojiirra oolche osoo fedhii ummataa hin gaafatin fi dhiibbaa jijjiirraan kun geessisuu malu dursee osoo hin qoratin ture. Ummatni keenyas jijjiirraa kana jabeessee mormaa akka jiru hiriirrii nagaa inni walitti fufiinsaan aanaalee addaddaa Godina Gujii keessatti geggeessaa jiru, kan Oromoonni nagaa sadii irratti ajjeefaman, hedduun hidhaman fi hedduun mana hidhaatti guuraman ragaadha.

Waltajjiin Marii Oromiyaa Idil-Addunyaa (WMOIA) - gamtaan jaarmiyaalee Oromoo idil-addunyaa kan lammummaa, ogummaa, amantaa fi hayyoota Oromoo – adeemsaa fi murtii dogoggoraa kan mootummaa naannoo Oromiyaa, aangoo fi qabeenya ummataa saamuuf jecha, fedhii ummataa malee, jijjiirama taasifame kana fi ajjeechaa ummata nagaa mormiisaa ibsatu irratti raawwatamu cimsee balaaleffata.

Yaad-rimee dimokiraasii ijoo kan ta'e, aangoo giddu-galeessa irraa gara naannootti dabarsuu kan jedhu, faallessuun, sirni Paartii Bilxiginnaa (PP) kun "sochii misoomaa fi nageenyaa guddisuu" jedhu dahoo godhachuun aangoo bulchiinsaa hunda daran harka keessa galfachaa dhufeera. Kana gochuudhaan sirnichi aangoo mootummaa ykn itti-gaafatamummaa bulchiinsaa fi murtii ramaddii qabeenya giddu galeessatti, harka aangawoota ummataan hin filatamnee fi malaammaltoota ummata irraa fagoo jiranitti walitti qabaa jira. Ammaan booda, hooggansi magaalotaa fi aanaalee hedduun filannoo ummataatiin guutamuun hafee muudamtoota mootummaatiin guutama. Kunis, mootummaan naannichaa dhimma naannoo keessa seenee dhiibbaa hin feesifne, kan har'a raawwachaa jiru caalaa akka raawwatu humna kennaaf. Ilaalchaa fi yaadonni bu'uura dimokiraasii ta'an, kanneen akka aangoo bulchiinsaa giddu-galeessarraa zooniilee fi aanaaleef qooduu, akkasumas mirga ummanni hooggantoota naannoo ofii fi bakka bu'oota fedhii ummataa deebisuuf aangoo dhugaa qaban filachuu danda'uu kan faallessu dha.

Kana malees, mootummaan Oromiyaa jedhamu kun, qaanii tokko malee, qabeenyasaanii saamuuf jecha, seeraan ala, bulchiinsa magaalotaa fi aanaalee hedduu zoonii isaan keessa jiran irraa dhuunfatee jira. Fakkeenyaaf, magaalaan Mattuu, magaalaa guddoo bulchiinsa Zoonii Illu Abaa Booraa, fi wiirtuun daldala bunaa, kan Zooniisaatti gabaasaa ture, amma kallattiin mootummaa Naannoo Oromiyaatti akka gabaasu taasifame. Najjoon, aanaa Zoonii Wallaggaa Lixaa keessatti argamu fi Aggaaroon, aanaa Zoonii Jimmaa keessatti argamu, lamaanuu aanaalee badhaadhina

bunaan beekkaman, duraan Zoonii isaaniitti gabaasaa kan turan, amma mootummaa Naannoo Oromiyaatti akka gabaasan taasifamaniiru. Magaalaan Shakkisoo, magaalaan albuuda gurguddaa lama - warqee Lega Dembi fi albuuda "tantalum" Kenticha – qabu, zoonii Gujii keessatti argamu, amma mootummaa Naannoo Oromiyaatti akka gabaasu dirqamee jira. Magaalonni fi aanaaleen Oromoo biroo, kan akka Bulee Horaa, Sandaafaa, Shanoo, Mooyyalee, fi Dodolaa dabalatee hiree wal fakkaataan isaan mudateera.

Kana malees, mootummaan gabroomfataa PP, jecha "seeraan-alummaa fi rakkoo nageenyaa daangaa irratti mul'atu hiikuu" jedhu dahoo godhachuun ummata Oromoo gidduutti wal dhabdee facaasuuf jecha lafa zoonii Gujii, Baalee fi Booranaa irraa kutuun aanaa haaraa "Boorana Bahaa" jedhu hundeessee jira. Aanaa haaraa kana uumuu keessatti, ummata osoo hin mari'achiisin, lafa zoonii tokko irraa gara zoonii biraatti dabarsuu bira taree, teessoo bulchiinsa aanaalee jijjiire. Seenaa Oromoo fi iddoowwan seena qabeessa ta'an kanneen akka Madda Walaabuu bifa balleessuun hawaasa Oromoo ollaa gidduutti walitti bu'iinsa uumuu kaayyeffate. Ummanni Oromoo Gujii, Booranaa fi Baalee jijjirama kana fi qophii sirnichi waldhabdee hawaasa keenya gidduutti qabsiisuu fi bobeessuuf qopheesse balaaleffachuun mormii dhageessisaa jiru. Ummanni "guyyoota sadan darban kana keessa sochii daldalaa idilee ta'e ugguruun, magaalota zoonii hedduu keessat hiriirri gurguddaa" gegeessaa jira.

Ummanni Oromoo walumaa galatti, addatti ammoo Oromoonni Arsii, Gujii fi Boornaa kanneen naannoolee dhibee kanaan xuqaman keessa jiraattan, tooftaa mootummaan PP isaan qoqqooduuf oomishe kana akka hubatan, akkasumas tooftaa "qoqqoodanii injifachuu" jedhu mootummochi tolfate kanaaf akka hin kufne OGF waamichasaa isniif dhiheessa. Kaayyoon jijjiirama kanaa qabeenya keessan saamuu fi shakkii fi waldhabdee isin gidduutti uumuu akka ta'e hubadhaa. Kaayyoon mootummichaa, haala seera-qabeessa ta'een mirga keessan falmachuu irraa isin maqisuu fi yeroo fi humna keessan wal-loluu irratti akka xiyyeeffattan kan akeekkate ta'uu hubadhaa. Tooftaan kun kanaan duras, yeroo hedduu, sirnoota Habashaa wal duraa duubaan isin irratti yaalamaa turus bilchina fi tokkummaa keessaniin fashaleessitaniittu. Dhugaa dubbachuuf, akkuma isaan walitti isin buusuu yaalaniin tokkummaan keessan caalaatti cimaa deema. Jaalala biyyaa, wal danda'uu, aadaa "ilaa fi ilaame" keessan of gidduutti shaakaluu itti fufuun tokkummaa keessan akka sabaatti tikfachuu fi eeguu itti fufaa jenna.

Akkasumas, sabboontotni Oromoo caffee Oromiyaa keessa jirtan, fi kanneen sanaa ala jirtan hundinuu, mootummaan Naannoo Oromiyaa hatattamaan murtoo dogoggoraa kana akka haqu, aangoo fi qabeenya ummataa seeraan ala saamuu akka dhaabu, shakkii, qoqqoodinsa, fi walitti bu'iinsa ummata keenya gidduutti facaasuun tokkummaa ummata keenyaa laaffisuuf carraaqqii itti jiru akka dhaabu, dhiibbaa guddaa akka gootan waamicha isiniif goona.

Mootummaan Oromiyaas, qabeenya fi dandeettii qabutti fayyadamee daangaa Oromiyaa, kan fiinxaaleyyii Amaaraa (FANO) fi humnoota birootiin weeraramaa jiru, faayidaa ummata Oromoo kan biroofis dabalatee, akka ittisu fi kabajichiisu dhaamna.

Waltajjii Marii Oromiyaa Idil-Addunyaa (WMOIA),

Oromia Global Forum

Galatoomaa!